Oromo | Afaan Oromoo

Mana barmootaa sadarkaa duraa 2025f galmaa'u

Mana barmootaa eegaluun ijoolleef, warraa fi kunuunsitootaaf yeroo gammachuu ti. Hanga nuuf danda'ametti galmaa'un akka siif salphatuuf si gargaaruu barbaadna.

Victoria keessatti, daa'imni keessan Seera Haaromsa Barnootaa fi Leenjii 2006 *jalatti mana barumsaa naannoo isaaniitti murtaa'e ('mana barumsaa naannoo keessanii') dhaquuf mirga qaba.*

Akkasumas mana barmootaa naannoo kee hin jirre irraa bakka argatuuf gaafatuufis iyyata naqatuu dandeessa. Imaammata Bakkichaa (Placement Policy) irratti hundaawee manni barmootaas iyyata kee hubannoo keessa siif galcha. Odeeffannoo dabalataa Imaammata Ramaddii ilaalchisee, fuula Mana barumsaatti galmaa'uu (Enrolling in school) daawwadhu.

Tartiiba yeroo Buúra (Foundation) (Prep) mana barmootaa bakkayyuu (statewide)

Eeggalli mana barmootaa waggaa jalqabaa Buúra ykn Prep jedhama. Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa mootummaa Victoria hundi akka hordofaniif yeroo galmee Faawundeeshinii (Foundation enrolment timeline) gadhiifneerra (fuula 3 ilaali). Tartiibni yeroo yeroo mana barmootaa kan bara 2025 yoom fi akkamin akka itti galmessitu hubatuuf si gargaara.

Mucaa kiyya waggaa jalqabaa eegala mana barmootaaf yoom itti galmeessa?

Mucaan kee waggaa mana barmootaa eegaluuf jedhu baatii Ebla (April) 30 dura umriin waggaa 5 guutuu qaba.

Ijoollee umriin isaanii waggaa 6 guutan mana barmootaa eegaluun dirqama.

Mucaa keessan bara barnootaa 2025 mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa mootummaa Victoria keessatti galmeessuuf, iyyata galmee hanga 26 Adoolessa 2024tti mana barumsichaa galchaa.

Mucaa kiyya waggaa jalqabaa eegala mana barmootaa akkamiin itti galmeessa?

Eegala mana barmootaa waggaa jalqabaa mucaa kee itti galmeessuuf tarkaanfilee itti aanankana fudhu:

1. Mar-sariitii (website) mana barmootaa kiyya barbaadi (Find my school) jedhu irra mana barmootaa naannoo kee jiru barbaadi (kan gadi jiru kana ilaali).
2. Mana barmootichaa ilaaluu fi akkamiin akka iyyata naqattu baruuf mana barmootaa mootummaa sana itti bilbilii baallama qabadhu.
3. Qarqabi odeeffannoo galmee Faawundeeshinii (Prep) Galmee Faawundeeshinii (Prep) irraa buufadhu (Enrolling in Foundation (Prep)). Qarqabin kun Isniina Ebla 15 bara 2024 irraa eegalee kan argamu yoo ta'u, unka iyyannoo kan of keessaa qabu ta'a. Manni barumsichaa garagalcha unkaa guutuuf siif kennuus ni danda'a.
4. Iyyata galmee Faawundeeshiniif **hanga Jimaata 26 July 2024tti galchii**.
5. Bu'aan iyyata keessanii **Wiixata Adoolessa 29 fi Jimaata Hagayya 9, 2024 gidduutti isin beeksifama**. Yoo dhiyeessii argatte, **hanga Jimaata 23 Hagayya 2024tti dhiyeessicha fudhachuu qabda**.
6. Yeroo Seemistaraa 4 2024, **odeeffannoo galmee fi yeroo ce umsaa irratti hirmaachuu**.
7. Mucaan keessan Roobii 29 Guraandhala 2025 irraa eegalee **Faawundeeshinii ni jalqaba**.

Mana barmootaa naannoo kiyya jiru akkamiin barbaada?

Mana barmootaa naannoo kee jiru marsariitii Mana barmootaa kiyya barbaadi (Find my school) jedhu gara gadii jiru kana irra ilaali:

1. findmyschool.vic.gov.au toora (browser) keessa galchaa.
2. Bakka eegaluu teessoo kee galchi ('Enter your address to get started') jedhutti bakka jiraattu itti guuti
3. Bara galmee ('Enrolment year') 2025 jedhu tuqi. **Hubachiisa:** Zooniin manneen barnootaa bara 2025 Seemistaraa 1, 2024 booda ni argamu.
4. Gosa mana barmootaa ('School type') jedhu jalaa Primary kan jedhu tuqi.

Sana booda kaartaan teessoo kee, mana barmootaa naannoo kee jiruu fi gama bitaa irraan akkamiin mana barmootaa akka qunnamtu si agarsiisa. Yoo gaduma ariite, manneen barmootaa shan naannoo keetti dhihoo jiran si agarsiisa.

Mana barmootaa barbaadi (‘Search for school’) jedhu jalas maqaa mana barmootaa soquu dandeessa.

Mucaan koo mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa mootummaa mana barumsaa naannoo keenyaa hin taaneef iyyachuu danda’aa?

Eyyee, mana barmootaa naannoo kee hin jirre iyyata naqatuu ni dandeessa. Manni barumsichii iyyata keessan Imaammata Ramaddii fi bakka jiruun walsimsiisuun ni ilaala. Akkaataa iyyannoowwan dursa itti kennaman ilaalchisee odeeffannoo fuula Mana barumsaa keessatti galmaa’uu (Enrolling in school) irraa argachuu dandeessu.

Yoo iyyannaan ani naqadhe hin fudhatamne jedhu xalayaa argadheef akkam taha?

Mana barmootaa kan birootti mucaa kee galmeessuu qabda. Mucaan kee mana barmootaa naannoo kee jiran keessa bakka hin dhabdu. Bakka ati jiraattu irratti hundaawee manni barmootaa naannoo kee jiran mucaa keetiif bakka ni qaban. Mana barumsaa naannoo daa’ima keessanii barbaaduuf Mana Barumsaa Koo Barbaadi (Find my School) daawwadhaa. Fuulli Mana barumsaa galmaa’uu (Enrolling in school) jedhus teessoo daa’ima keessanii galmeedhaaf mirkaneeffachuuf isin gargaaruu danda’a.

Akkasumas murtii kenname dabartee iyyatuu dandeessa. Fuulli Galmee Faawundeeshinii (Qophii) (Enrolling in Foundation (Prep)) adeemsa bu’aa iyyannoo galmee irratti ol’iyyannoo dhiyeessuun odeeffannoo qaba.

Yeroo jedhame keessatti yoo an itti galmeessuu dhabe akkam taha?

Bara barnootaa 2025f daa’ima keessan gara Faawundeeshiniitti galmeessuuf yeroo barbaaddanitti Seemistaraa 2, 2024 irraa eegalee iyyachuu dandeessu.

Jimaata Adoolessa 26, 2024tti iyyata galmee akka galchitan kan isin gaafataman yoo ta’ellee, iyyanni guyyaa kana booda dhiyaatu ammallee maatii yeroo galmee darban, mana jireenyaa dhaabbataa jijjiiran ykn haaraa gara Victoria dhufan irraa ni fudhatama.

Iyyanni galmee Adoolessa 26, 2024 booda dhiyaate akkaataa Imaammata Ramaddii biirichaatiin, akkuma dhiyaateen mana barumsichaatiin ni hojjetama.

Eegala mana barmootaatti galmeessuuf odeeffannoo dabalaa eessan argatuu dandaá?

Tartiiba galmeessama Bu"ura mana barmootaa irratti odeeffannoo dabalaa yoo barbaadde mana barmootaa sadarkaa duraa naannoo kee jiru gaafatuu dandeessa.

Jalqaba Term 2, 2024 irrattis adeemsa galmee Faawundeeshinii irratti qarqabi odeeffannoo fuula Faawundeeshinii keessatti galmaa'uu (Qophii) (Enrolling in Foundation (Prep)) irratti argachuu dandeessu.

Yoo odeeffannoo gara afaan keetti hiikame barbaadde mana barmootaa naannoo kee jiru gaafadhu.

Gargaarsaaf eenyu qunnama?

Tartiiba itti galmeessamaa ilaalchisee gaaffii yoo qabaatte Qindeessaan Yeroo Cehumsaa, Qindaalli Galmee ykn Itti-mataan mana barmootaa mana barmootaa ati iyyata itti naqatuu barbaadduu si gargaaran.

Sutee (links) barbaachisoo

Mucaan kee mana barmootaa sadarkaa duraa bara 2025 keessa kan eegaluuf odeessa barbaachisoo tahan takka takka gara gadii jiran kana ilaali.

Mana Barumsaa koo Barbaadi – findmyschool.vic.gov.au

Odeeffannoo zoonii mana barumsaa – vic.gov.au/school-zones

Faawundeeshinii (Qophii) keessatti galmaa’uu – vic.gov.au/enrolling-foundation-prep

Mana barumsaa keessatti galmaa’uu – vic.gov.au/how-choose-school-and-enrol

Qaama miidhamummaa fi barnoota hunda hammate – vic.gov.au/disability-and-inclusive-education

Quunnamtii waajjira naannoo – vic.gov.au/office-locations-department-education

Sarara yeroo bara 2024-25

Guyyoota bara 2024	Waan dalagamu
Semistaraa 2ffaa: Wiixata Ebla 15, 2024 – Jimaata Waxabajjii 28, 2024	
Semistaroota 1 fi 2, 2024	Maatii bara 2025 keessa mucaa isaaniitiif Buúra barmootaa (Foundation (Prep)) itti galmeessuu fedhaniif mana barmootaa sadarkaa duraa doáchiisuu, odeeffannoo kennuuf fi wanneen raawataman hundaaf.
Jalqaba Semistara 2, 2024tti	Zooniin manneen barnootaa bara barnootaa 2025 findmyschool.vic.gov.au irratti kallattiin darbu Warri fi kunuunsitoonni mana barumsaa naannoo isaanii (mana barumsaa naannoo) bara 2025f murtaa'e barbaaduuf gara findmyschool.vic.gov.au deemuu qabu. Qarqabi Odeeffannoo Galmee Warraafi Kunuunsitootaaf Faawundeeshinii keessatti galmaa'uu (Qophii) (Enrolling in Foundation (Prep)) irraa buufachuuf ni danda'ama.
Torban 1ffaa, Senistaraa 2 2024 irraa eegalee	Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa Qarqabi Odeeffannoo Galmee maatii gara fuula duraa fi hawaasa naannoo isaaniitti raabsuu ni danda'u.
Torban 1ffaa, Semistaraa 2ffaa, 2024 irraa eegalee	**Iyyanni galmee ni banamaa** – warri fi kunuunsitoonni iyyata galmee isaanii guutame guyyaa kana irraa eegalee mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa mootummaatti ni dhiyeessu.
Semistaraa 3ffaa: Wiixata Adoolessa 15, 2024 – Jimaata Fulbaana 20, 2024	
Jimaata Adoolessa 26, 2024tti	**Iyyata galmee yeroon isaa ga'e** – warri fi kunuunsitoonni iyyata galmee isaanii guutame guyyaa kanatti mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa mootummaatti ni dhiyeessu.
Wiixata Adoolessa 29 fi Jimaata Hagayya 9, 2024 gidduutti	Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa bu'aa galmee Faawundeeshinii (Qophii) warraa fi kunuunsitoota barreeffamaan ni beeksisu, akka Imaammata Ramaddii biirichaa. Kunis xalayaa dhiyeessii, xalayaa galmee mirkaneessu ykn xalayaa iyyannoo hin milkoofne dabalatee ta'uu danda'a. Warri fi kunuunsitoonni xalayaa iyyannoo hin milkoofne ergaman ol'iyyannoo barreeffamaa mana barumsaa sadarkaa tokkoffaatti dhiyeessu jalqabuu danda'u.
Jimaata Hagayya 23 bara 2024tti	Warri fi kunuunsitoonni xalayaa dhiyeessii erganii guyyaa kanatti bakka daa'ima isaanii fudhachuu isaanii agarsiisu.
Jimaata Hagayya 23 bara 2024tti	**Guyyaa cufiinsaa** warri fi kunuunsitoonni ol'iyyannoo barreeffamaan mana barumsaa sadarkaa tokkoffaatti akka dhiyeessan.
Jimaata Fulbaana 6, 2024tti	Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa warraa fi kunuunsitoota hunda, barreeffamaan, bu'aa ol'iyyannoo isaanii hanga guyyaa kanaatti ni beeksisu.
Jimaata Fulbaana 20, 2024tti	**Guyyaa cufiinsaa** warri fi kunuunsitoonni ol'iyyannoo barreeffamaan Daarektarri Naannoo dhimmi ilaallatu biratti akka dhiyeessan, bakka isaan ol'iyyannoo isaanii mana barumsaa sadarkaa tokkoffaatti dhiyeessan hin milkoofnetti.
Semistaraa 4: Wiixtata Onkololeessa 7, 2024 – Jimaata Muddee 20, 2024	
Yeroo Semistaraa 4ffaa, 2024	Manni barmootaa sadarkaa duraa yeroo cehumsaa ilaalchisee ibsa ni kennan.
Jimaata Sadaasa 1 bara 2024tti	Naannoleen bu'aa ol'iyyannoo Daayirektara Naannoo hanga guyyaa kanaatti warraa fi kunuunsitoota hundaaf barreeffamaan ni beeksisu. Kunis ol'iyyannoowwan guyyaa cufiinsaa Jimaata Fulbaana 20, 2024tti dhiyaatan qofa irratti raawwatiinsa qaba.